

Qormaata State Guutummaatti Kennamuuf Maatii fi Bakka Bu'oonti Maatii Yaada Ittin Geggeeffaman

Galmeen (*documentii*) kun odeeaffannoo nama gargaaran tokko-tokko maatiin fi bakka bu'oonti maatii akka isaan ijoollee isaanii, mana barnootaa isaanii fi hawaasa isaaniif murtoo qajeelaa ta'e godhaniif kan gargaaru dha.

Qormaati State Guutummaatti Kennamu Maaliif?

Minnesota'an sirnni barumsaa isaa fi dandeettiin ogeessonni isaa hojii barnootaa irratti bobba'an qaban gatii qabeessa ta'uu isaani amana. Ogeessota barnootaa Minnesota sadarqaa barnootaa qophee jabaa kan barattoota Minnesota, College fi jirenyyaaf qopheessuu uuman.

Qormaati State guutummaatti geggeeffamu barumsi Minnesota keessatti kennamu hunfdi akka qophee barnootaatti, (curriculum) ta'uu isaa kan *State ittiin* safari yks madaalu fi barsiisi manneen barnootaa hunda keessatti kennaman sirriitti ta'uu isaaniitii fi barattooni hundinuu carraa walqixxee fi wal fakkaatu argachuu isanii mirqaneessa. Ba'iin (iji) Qoranna State Guutummaa meeshaa safaraa, kan State'n barattooni yks ijooleen kenya hundi barnoota jirenyyaaf isaan barbaachisu, hojiidhaaf hoijettoota barumsa fi ogummaan jaboo, lammiwwan jaboo fi hubatoo kan qopheessu

Sadarqaa Barnootaa fi Qoranna

Sadarqaan Barumsaa Maal'inni?

Sadarqaan Barumsaa Minnesota, barattoota K–12 (Kindergarten hamma kutta 12tti) guutummaa *State* keessa jiran dandeettii qabaachuu isaan irraa eegamuu dha. Sadarqaan Barnootaa Minnesota barattooni Minnesota yeroo kutaa keessa turan raawwatanitti barumsa barataa turan hammam akka qabatan fi hubatan kan agarsiisu yks mullisuu dha. Naannoona Mana Barnootaa State akka barattooni itti sadarqaa kaa'amee guutu yks quufsuu danda'aan *curriculumii* barnootaa qopheessuu dhaan murteessu.

Walitti Dhufinni Qoranna State Guutummaa fi Sadarqaa Barumsaa Gidduu Jiru?

Qorannaan Guutummaa, herregaan, dubbisuu fi science'n akka barattooni, manni barnootaa isaanii fi naannoona mana barnootaa Sadarqaan Barnootaa kaa'aman guutuu yks quufsuu isaanii ittin madaalu. Qorannaan Static Guutummaa barattooni waan guyyaa guyyaan baratan hammam gaaritti akka galeef yks qabaatan waan ittin madaalan yks safaran keessaa tokko. Akkasumas manni barnootaa fi naannoona mana barnootaa curriculumii isaanii sadarqaa kaa'ameen walfudhachiisani geggeefataniif dha.

Qoranno Waan-Hundaa kan Minnesota (MCA) fi Qormaata Minnesota Dandeetti (qarooma) Barumsaa (MTAS)

- Sadarqaa Barnootaa Minnesota Irratti kan Hundaa'ee
- Mana Barumsaa Ol'aanaa, kutaa 3-8 dubbisuu fi herregaan kutaa 5 fi 8 science dabalatee wagaa waggaan kan kennamu
- Barattooti harki caalaan Qoranno Waan-Hundaa kan Minnesota hinfudhatu
- Barattooni warri dadhabbina yks hir'rina hubanna barumsa qabaachuun isaanii beekame fudhachuu yoo hinbarbaanne dhiisuu dandau

ACCESS fi ACCESS Garabiraa Warra Ingliffaa Barataniiif

- WIDA jedhamee kan beekamu Sadarqaa Afaan Ingliffaa Guddisuu irratti kan hundaa'ee
- Warra Ingliffaa baratan kutaa K–12 dubbisuu, caafuu, dhaga'u fi dubbachuu wagga waggaan kan kennamu
- Warri Ingliffaa baratan harki caalaan ACCESS, ELLs fi kan jedhamu fudhatu
- ACCESS, ELLs fi gara biraan barattooni warri dadhabbina yks hir'rina hubanna barumsa qabaachuun isaanii beekame fudhachuu yoo hinbarbaanne dhiisuu dandau

Qormaata Guutummaa State Irratti Yeroo Hammamiitu Darba?

Qorannaan Guutummaa State waggaatti ala tokko kennama; barattoonni harki caalaan qormaaticha *online* fudhatu. Walumaa galatti Qoranna Guutummaa state fudhachuu irratti wagga keessatti yeroon darbu, yeroo barumsa kennuu irratti darbu keessaa harka tokkoo gadi. Qorannichi yeroo murtaa'e hinqabu, barattoonni yeroo hamma barbaadan fudhatanii irratti hojjechuu danda'u.

Yoom Barattoonni Qoranna Kana Kan Fudhatan?

Manneen barnootaa yeroo State murteesse keessatti yeroo mataa isanii kaa'an qabu. Odeeffannoo argachuuf mana barumsaa mucaa keessani quunnamaa.

- Yeroon qormaataa MCA fi MTAS Bitootessa keessa jalqabee Caamsaa keessa raawwata.
- Qormaati ACCESS fi Alternate ACCESS, ELLs fi dhuma ji'a Amajji'tti jalqabee dhuma Bitootessa'aatti raawata.

Qoranno Kun Maaliif Hojetu (Bu'aa Qabu)?

Minnesota'n waan barattoonni baratan gaarii godhee madaaluuf yks hubachuuq qormaatii cal jedhee gaafii fi deebi kennaman keessaa fo'achuu duwwaa akka hintaane amana.

- Deebii deebisuuf barattoonni gaaffii sanaaf deebii caafuu, bifa yks fakkaatti deebii sanaaf ta'u gototanii iddo ta'uuf kaa'uu yks *graph* fi odeeffannoo gegeedaranii iddo ta'uuf kaa'uu.
- Qormaati dubbisuu fi herregaa MCA walfudhatu; kunis jechuun deebiin barattoonni gaafii tokkoof kennan deebii gaafii itti aanuuf kennan murteessa.
- Gaaffiin science MCA yaalii adda addaa (*simulations*), kunis barrattoonni gaaffii tokko deebisuu fuula dura yaalii (*experiment*) gochuutu irraa eegama.

Wanti kun hundi kan barbaachisiif barattoonni waa'ee barumsa isaan ii cimsanii akka itti yaadaniif, college yeroo galan fi booddee jirenya isaaniitiif fiixaan akka ba'uu danda'aan carraa kennaaf.

Sababiin Isaas qormaata keessatti kan dhi'aatan gaaffiin hamma danda'ame sadarqaaf akkaataa qophii gaarii kutaa barumsaa baayyee garii jedhamu keessatti kennamu, barumsaa fi hubanna kan a fakaatu kan qabu fakaate kan dhi'aatu ta'uusisaati.

Ba'ii Barataa (Barattuu) Kootii Yooman Argadha?

Bona hundumaa barattoonni adduma addaan Gabaasi Barattoota Waajjira Naannoo Mana Barnoota hundatti ergamu; maatiin Walga'ii Arfaasaa fuula dura (*fall conferences*) argachuu qabu. Gabaasi kun guddina ijoolee keessani maal irra akka ga'aan (jiran) kan agarsiisu akkasumas barumsa isaanii gara fuula duraa irratti gargaarsa attamii akka barbaachisu agarsiisa.

Maaltu Ta'a Yoon Mucaan (Barataan, Barattuun) Koo Keessatti Akka Qooda Hinfulhanne Jedhe?

Seri Minnesota yoo maatiin yks bakka bu'ooni maatii barattoonni isaanii qoranna Guutummaa State keessatti kennamu akka keessatti qooda hinfulhanne yoo jedhan MDE unka maxxanseefii maatiin/bakka bu'ooti maatii akka guutan godha. Unka (form) kun guutuudhaaf MDE website irraa karaa itti hidhaa kanaa gaditti kenname irratti argama. Waajjirri Naannoo Mana Barumsaa keessani odeeffannoo dabalaan barbaadu yks gaafachuun hinmala.

Odeeffannoo Dabalataa Eessaan Argadha?

Odeeffannoo dabalaatay yks caalaatti yoo barbaadan Guutummaa State qormaata barattootaa irratti; barattootaa fi maatii dhaaf [Qormaata guutummaa State'tii fuula websiti MDE](http://education.state.mn.us/Students and Families > Statewide Testing) irratti argachuu dandeessu (education.state.mn.us > Students and Families > Statewide Testing).

Keessatti Qooda Fudhachuun Maaliif Barbaachisaa Ta'e?

Qorannaan Guutummaa State barumsa barataa (tuu) keessanii karaa ittiin madaalamu yks baramu keessaa tokko, garuu barumsi mana barumsaa barataa keessaniitii kennamu hammam sadarqaa state kaa'e wajjin deemaa akka jiru baruu dhaaf keessatti qooda fudhachuun barataa keessanii murteessaa dha.

- Ogeessoti barumsaa fi warri murtoo godhan odeeffannoo qoranna kana irraa argatan irratti hunda'aanii gargaarsaa keennamuun irra jiru murteessu.
- Maatiin fi hawaasi odeeffannoo kana irratti hunda'aanii eessa akka jiraatan fi ijoolee isaanii mana barumsaa kamitti akka galmeessan murteessu.

Yoo barattoota 100 keessaa 95% gadi qoranna kana irratti qooda fudhatan itti gaafatami mana barumsaa sana gadi bu'a, gaarii hinta'u.

*Walitti dhufeenyi
sadarqaa kaa'amee
walitti hidhatee jiru,
jechuun, (barsiisi
qormaata wajjin) barsiisi
guyyaa guyyaan akka
sadarqaa kaa'amee sanatti
xiyyeefatee akka jiru*